



YAKKAA OL AANAAN UTUU NAMATTI

MURTA'A'EE JIRUUN FILACHU

Eeyyee, mirgi sagalee kennuu isiniif eegama!

Qajeelfama filannoo murtoo yakkaa booda **Washington State** keessatti

Filannoon keenya sagalee keenya. Mirgi filachu keenyaa, bu'uura dimokiraasii keenyaa ti. Mirgi filachuu carraa namoota sooreyyii ta'an muraasaaf kenname osoo hin taanee sanyii, sadarkaa, ykn koorniyaa utuu addaan hin baasis mirga hundumaaf kenname ta'uu isaa mirkaneessuuf seenaan biyya keenyaa milkaa'inaa fi wal'aansoo seeraatiin kan deggeramee dha.

Murtii Yakkaa akkamiitu mirga filachuu kiyyaa daangessuu danda'a?

Namni tokko mana murtii warra gaheeyyiitti yakka cimaa raawwachuun isaa kan itti murtaa'e yoo ta'e mirga sagalee kennuu dhabuu danda'a. Washington keessatti yakka uumameef yookiin dogongora yeroo dargaggummaa uumameef mirga filachuu hin dhabdani.

Namoonni murtii yakkaa qaban Washington keessatti filachuu ni danda'uu?

Eeyyee! Yoo mana murtii warra gaheeyyii Isteeta Washington keessatti yakkaan himatamtan, mirgi filachuu keessanii **battalumaan** aanga'aa Dipaartmentii kan mana Sirreessaa (DOC) jalaan adabbii hidhaa kan waliigalaa jala hanga hin turretti gara isa jalqabaatti deebifama. Kana jechuunis adabbii mana sirreessaa barbaachisaa ta'e erga xumurtaniin booda mana sirreessaatii akkuma baataniin mirgi filachuu keessanii isiniif eegamuudhaan, yoo isin lammii U.S. taatan, jiraataa Waashingiteenii, fi yoo xiqqaate guyyaa filannootti umuriin keessan waggaa 18 yoo ta'e galmaa'uuf battalumatti gahumsa kan qabaattan ta'a.

Isteeta yookiin mana murtii federaalaa kan biroo keessatti yakkaan akka nama gaheessa ta'e tokkootti kan himatamtan taanaan, mirgi filachuu keessanii **battalumaan kan deebifamu** ta'a yoo mana adabii yookiin mana sirreessaa itti fufiinsaan kan hin turre taatan. Lammii U.S. fi jiraataa Washington yoo taatan mana hidhaatii battaluma gadi lakkifamtanitti galmaa'uuf gahumsa qabaattu.

Adabbii mana sirreessaa, beenyaa kan maallaqaa, ykn dirqamni kaffaltiiwwan seera qabeeyyii (LFO) kan isin irra jiru yoo ta'allee mirgi filachuu keessanii kan deebifamu ta'a.

Filachuudhaaf LFO keessan kaffaluun isin hin barbaachisu. Garuu, ammallee taanaan, LFO keessan kaffaluu fi sagantaa kaffaltii kanaa kabajuuf dirqama seeraa ni qabdu. Haata'u iyyuu malee, LFO kaffaluu waan dadhabdaniif mirgi sagalee kennuu keessanii fudhatamuu hin danda'u. LFO kaffaluu dadhabuu keessaniif mirga sagalee kennuu hin dhabdani.

Mirgi sagalee kennuu kiyyaa naaf deebifamuu isaa sakatta'uudhaan kanan mirkaneeffadhu dookumantiin ykn bakki jiraa?

Lakkii. Ammaan booda mirgi sagalee kennuu keessanii, kan isin irraa mirkaneeffattan dookumantiin kan biroon hin jiru (yeroo darbe, waraqaan ragaa kan gadi lakkifamuu keessanii haala kana ibsee jira). Namoota mirgi filachuu isaanii deebifameef kan waa'ee isaanii ibsu galmeen addaa hin jiru. Yoo mana hidhaa kan hin turre ta'e, mirgi filachuu keessanii eegamaa kan ta'ee, fi isin lammii U.S., jiraataa Washingtonii fi guyyaa filannootti ammoo yoo xiqqaate umuriin keessan waggaa 18 yoo ta'e sagalee kennuudhaaf galmaa'uu dandeessu. **Dabalataanis, mirgi filachuu keessanii akka inni deebifame mirkaneeffachuuf hojiin waraqa isin hin barbaachisu.**

Sagalee kennuudhaaf ammas galmaa'uun na barbaachisaa?

Eeyyee. Mirgi filachuu battalumaan kan deebifamu ta'ullee, **namoonni gahumsa qaban ammas galmaa'uu isaan barbaachisa.** Osoo yakka hin raawwatin dura sagalee keessan kennuuf kan galmooftan yoo ta'e yookiin ammoo sagalee kan kennitanis yoo ta'e; sagalee kennuuf ammas irra deebiidhaan galmaa'uutu isin irraa eegama.

Filannoof galmaa'uudhaaf daandii baay'eetu jira.

Kaawontii odiiteraatti yookiin waajjiraalee filannootti qaamaan dhiyaachuudhaan, akkasumas bakkeewwan kan biroo hedduu, waajjiraalee mootummaa kanneen akka Dipaartimentii kan Hayyamaa (DOL), Dipaartimentii kan Hawaasummaa fi Tajaajila Fayyaa (DSHS), fi manneen barnootaa kan naannoo, manneen kitaabaa, fi mana konkolaattonni balaa abiddaa ittisan keessa dhaabatan (firehouse) dabalatee keessatti galmaa'uuf daandii hedduutu jiru.

Karaa toora interneetii marsartii kana irratti galmaa'uu dandeessu www.votewa.gov. Galmeen karaa toora interneetii afaanota kanneen akka afaan Inglizii, Ispaaniishii, Chayiniffaa, Vietnamese, fi afaan Koriyaa ni argamu.

Dabalataanis, karaa poostaa galmaa'uu dandeessu. Galmeen karaa poostaa afaanota garaa garaa 25 kan ta'uun ni argamu. Unki, kan poostaa afaan ingiliffaa karaa toora interneetii kan inni argamu: <https://bit.ly/3JjAWy7> irratti.

YAADACHIISA: Guyyaan xumuraa kan galmee ni jira. Guyyaa xumura galmee kan seera qabeessa ta'e adda baafachuuf, ministeera dhimma alaa, waajjira yookiin odiitera, yookiin dhaabbata mirga filannoo quunnamuu qabdu. Guyyaa kan filannoo irra galgala keessaa hanga sa'a 8 guututti qaamaan argamtanii galmaa'uu dandeessu. Galmeen karaa toora interneetii fi kan postaa Guyyaakan Filannoo guyyoota 8 dursuudhaan dhiyaachuu qaba.

Filannoo galmaa'uuf dookumantiwwan kan akkamii na barbaachisa?

Filachuudhaaf daandii isin ittiin galmooftantu murteessa:

Galmaa'uuf karaa interneetii hayyama kan konkolaachisaa yookiin waraqaa eenyummaa kan Washington qabaachuu isin barbaachisa.

Galmaa'uuf karaa poostaa hayyama kan konkolaachisaa kan Isteeta Waashingiteen yookiin waraqaa eenyummaa kan Isteetichaa qabaachuu isin barbaachisa. Yoo waraqaa eenyummaa kana kan hin qabne taatan, lakkoofsa hawaasummaa nageenya keessanii dijiitii gara dhumaa arfan dhiyeessuu dandeessu.

Yoo hayyama konkolaachisuu, Waraqaa Eenyummaa kan Isteeta, yookiin lakkoofsa nageenya hawaasummaa kan hin qabne taatan, waraqaan eenyummaa kan biroonis fudhatama qabaachuu danda'a. Qajeelfama argachuuf ministeera dhimma alaa quunnamaa - odeeffannoo kan quunnamtii argachuuf ammoo gara xumura fuula dookimantii irra ilaalaa. (Seericha irratti ibsa bal'aa, RCW 29A.08.107, kan inni argamu <https://bit.ly/3oEiBDN>).

Sagalee kennuuf jecha mana jireenyaa yookiin teessoo dhaabbataa ta'e qabaachuu isin hin barbaachisu:

Filannoo yoo galmooftanitti teessoo garaa garaa lama dhiheessuutu isin irraa eegama:

1. Teessoo mana jireenyaa

Inni kun ammoo maqaa yookiin teessoo bakka jireenyaa, paarkii, mana mootoraa, adda baba'ii, yookiin bakkee addaan baafame kan biroo ta'uu danda'a. Iddoon kun bakka isin itti sagalee kennitanii fi dorgommiiwwan filannoo isin sagalee kennitaniif murteessuuf gargaara.

Yoo lafa kan gosaa ta'e irratti teessoo beekamaa hin taane qabaattan, maqaa gamoo kan gosaa moggaafame akka naannoo jireenya keessaniitti ibsuu dandeessu.

FI

2. Teessoo kan Poostaa

Bakka sirrii ta'e kan poostaan laatamu kam irraa iyyuu poostaa filannoo keessanii fudhachuu dandeessu. Teessoon kan poostaa kan inni of keessatti haammachuu danda'u, saanduqa poostaa, teessoo kan hiriya yookiin kan firaa, yookiin akka waliigalatti saanduqa poostaa kan naannoo ti. Teessoon poostaa kunis waantota filannoo wajjin walqabatan hunda, kaardii filannoo keessanii bakka inni itti ergamus dabalatee ti.

Yoo teessoon poostaa keessanii kan jijjiirame ta'ee fi guyyaa filannootiin dura ammoo kan hin ammayyeessine ta'e, kaardii kan filannotiif waajjira filannoo naannoo keessanii quunnamuu dandeessu!

Washington, isteeta karaa poostaa filannoo taasiftuu dha. Aanaleen tokkoon tokkoon isanii keessanii kan keessa galchan saanduqoota kan sagalee ni qabu. Dabalataanis, kaardii filannoo keessanii kaffaltii tokko malee karaa poostaatiin erguu dandeessu. Aanaleen tokkoon tokkoon isanii namoota hir'ina qaamaa qabaniif iddoowwan isaan itti sagalee kennan ni mijeessa. Odeeffannoo dabalataaf odiitera kaawontii yookiin waajjira filannoo keessanii irraa mirkaneeffadhaa.

Erga carraan filachuu naaf laatameen booda mirga filachuu kiyyaa dhabuu nan danda'aa?

Eeyyee. Yoo yakka ulfaataa kan birootiin himatamtamuudhaan hidhaan kan isinitti murtaa'e ta'e, mirga irra deebiin filachuu ni dhabdu. Guutummaatti hidhamuudhaan murtoo Dame Sireessuu (DOC) tajaajilaa utuu jirtanii sagalee kennuudhaaf gahumsa qabaachuu hin dandeessan.

Yoo haala filachuu danda'uu fi dhiisuu kiyyaatiif ammallee bita natti galehoo?

Yoo kan galmooftan ta'ee fi waa'ee sagalee kennuu danda'uu keessaniitiif shakkii kan qabdan ta'e, **ACLU quunnamaa.** Gara 206.624.2180 bilbilaa ykn www.aclu-wa.org/help daawwadhaa.

BARREESSAA ISTEETAA KAN KUTAA FILANNOO

www.sos.wa.gov/elections/voters

800.448.4881

Dabalataanis, odeeffannoo teessoo waajjira filannoo kaawontii keessanii argachuu kan isin dandeessan:

<https://www.sos.wa.gov/elections/viewauditors.aspx>

ykn barreessaa Isteetaatti bilbiluudhaan.

Filachuuf karaa toora interneetii galmaa'uu dandeessu

www.votewa.gov

'LEAGUE' FILANNOO

DUBARTOOTA KAN

WASHINGTON

www.lwvwa.org

206.622.8961

Kaffaltii irraa bilisa

800.419.2596

ACLU OF WASHINGTON

www.aclu-wa.org

206.624.2180

ACLU

AMERICAN CIVIL LIBERTIES UNION
FOUNDATION

Washington